# سُورَةُ العَادِيَاتِ
# Suuraa Kgaadiyaati

قبل كل شئ هذه هي سورة العاديات

*Dura dursoo suuran tun {suuratulkgaadiyaati} je'amti.

وهى سورة مكية

*Isiin suura makkaati.

وآياتها أحد عشر

*Aayaanni isi'ii kudha tokko {11}

وعددها مائة

*Lakkooysi,isi'ii dhibba {100}

نزلت بعد سورة العصر

*Isiin eega, suuratul { kgasgriitii} buute.

بِسْمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحْمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

*Jalqabni dubbii'ii maqaa Rabbii rahgmata qabuutii

وَٱلْعَٰدِيَٰتِ

*Faradoo hoggaa duulaa guluftu ceetu,

ضَبْحًا ١

**1}***Hafuura darba'aa ,yookaa himimsa`aa guluftu.

فَٱلْمُورِيَٰتِ قَدْحًا ٢

**2}***Ammallee faradoo ibidda qabsiiftu, kottee isi'iitin dhagaa dhooytee ibidda irraa baaftu,hoggaa halkan lafa dhaga`aa keessa deemtu.

فَٱلْمُغِيرَٰتِ صُبْحًا ٣

**3}***faradoo ,ganama ,diinatti ,oriitu , tan , isii ,yaabbatanii, ganama halkaniin diinatti cabsan, takkaa ori`an.

فَأَثَرْنَ بِهِۦ نَقْعًا ٤

**4}***Kan ceyiinsa isi'ii saniin dhukkee, yookaa ,awwaara kaaftu.

فَوَسَطْنَ بِهِۦ جَمْعًا ٥

**5}***Tan akkuma awwaara kaassa`aa ceetun tuuta diinaa wal'akkaa buutu faradoon akkanaa tun humna jabduu xilaatan ifirraa deebisanii haqaan eeganii ,Rabbiin akki je`e ; faradoo akkanaa tanaan siif khakhadhee.

إِنَّ ٱلْإِنسَٰنَ

*Namni Rabbitti kafare,

لِرَبِّهِۦ لَكَنُودٌ ٦

**6}***Qananii Rabbiin isaa uumee,isaa kenne ,odoo beekuu moroma,takkaa galata isaa galchuu dhiisa.

وَإِنَّهُۥ عَلَىٰ ذَٰلِكَ لَشَهِيدٞ ٧

**7}***Kaafirtichi sun, akka ni`maa rabbii isaa Moromu, raga ifitti baya dalagaa isaatin amanee isaaf galata galchuu dhiisu`uun, Rabbii qananii isaaf kenne dhiisee, muka, yookaa nama Rabbiin uume ibaadu`uun.

وَإِنَّهُۥ لِحُبِّ ٱلۡخَيۡرِ لَشَدِيدٌ ٨

**8}***kaafirtichi sun akkaan horii jaalataa ,duyna'aa nama haqa isarraa qabuuf haqa isaa hin kennu .

۞ أَفَلَا يَعۡلَمُ إِذَا بُعۡثِرَ مَا فِي ٱلۡقُبُورِ ٩

**9}***Si namni odoo Rabbiin akkatti wahayyuun isa qana niisuu itti kafaru sun ,gaafa warri qabrii keessa jiru qabri'ii kaafaman.

وَحُصِّلَ مَا فِي ٱلصُّدُورِ ١٠

**10}***Wanni qalbii namaa keessa jiru kufri`iifii iimaanni adda fooyamee mul`ate waan gaafas isatti argamu'uu taa'u hin beekhuu? hin beekhu jechu', silaa odoo beekhee akkas hin dalaguu.

إِنَّ رَبَّهُم بِهِمۡ يَوۡمَئِذٖ لَّخَبِيرُۢ ١١

**11}***Rabbiin isaanii gaafa san isaan beekha gaafa isaan qabri'ii kaafamanii wanni garaa isaanii keessa jiru mul`ate ,Rabbiin isaan beekha ,akkuma waytii biraa hunda isaan beekhuu, jazaa isaanii galcha, kaafira qixaaxee,mu`mina guddisee, jannata geessee.